


ABDIIDHAAN
KAN KAKA’AN
Barnoota 7ffaa Caamsaa 18, 2024


"Yommus isaan, "Ilaa inni Waaqayyo keenya! Inni nuyi,
'Nu fayyisa' jennee eeggachaa turre isa; inni nuyi
amanannes isa; kottaa fayyisuu isaatti in gammannaa, in
ililchinas" in jedhu."
— Isa. 25:9




Akkuma taateewwan raajii mul'ifamaniin, namoonni guutummaa addunyaa irra jiraatan waa'ee Lammata Deebi'ee Dhufuu Yesuus qorachuu fi lallabuu jalqaban.

Isaan keessaa tokko Johann Albrecht Bengel (1687-1752), biyya Jarman irraa; Manuel Lacunza (1731-1801), biyya Chiilii irraa; William Miller (1782-1861), Ameerikaa Kaabaa irraa; Joseph Wolf (1821-1845), namicha ergicha fuudhee gara Africa, Egypt, Abyssinia, Asia, Palestine, Syria, Persia, Uzbekistan fi India adeeme.


Isaan kunii fi warroonni isaan dura barreessaa turan hundinuu, xumura wal-fakkaataa tokko irra gaa'anii turan: innis Yesuus giddu galeessa jaarraa 19ffaatti dhufa kan jedhu!

- Dhufaatii lammataa :
  - Abdii Galateeffamaa.
  - Yesuus akkamitti dhufa?
- William Miller:
  - Akka itti MQ hiikan.
  - Yeroo raajii.
  - Raajii guyyoota 2,300.


DHUFAATII
LAMMATAA

# ABDII GALATEEFFAMAA

"Achumaan abdii keenya isa eebbifamaa fi ulfina isa deebi'ee mul'atu sanaa in eegganna. Inni mul'achuuf jiru sunis Yesus Kristos; inni Waaqayyo keenya isa guddicha, fayyisaa keenyas." — Tit. 2:13



Erga gaafa Yesuus deebi'ee nan dhufa jedhee waadaa seenee (Yoh. 14:1-3), kun hamma har'aatti abdii amantoota hundumaati (Titos 2:13).

Abdiin kun Waldaa Kaatolikii Roomaa keessattis Waldaa Ortodoksii keessattis in calaqqisa. Waldaa Angelikaaniitiinis in barsiifama; akkasuma waldaa Lutheran, Calvin fi haaressitoota birootiin ni barsiifama.



Dhufaatii Yesuus isa Lammataa maaltu akkas kan hawwiitiin eegamu taasise?



Xumura dhukkubaa, dhiphinaa fi du'aa labsa waan taa'eef.



Xumura hiyyumaa, haqa maleessummaa fi gadi qabamuuti waan ta'eef.



Waraana, walitti bu'iinsaa fi lola gara xumuraatti fida.



Addunyaa nagaa, gammachuu fi bara baraan Waaqaa wajjin jiraachuutiif balbala bana.

# YESUUS AKKAMITTI DHUFA?

"Akka bakakkaan ba'a-biiftuutti bu'u hamma lixa-biiftuutti ibsu, dhufni ilma namaas akkasuma in ta'a." — Mat. 24:27

Pirostaantonni Jaarraa 19ffaa keessa, barsiisa dhufaatii Yesuus isa lammataa akkas jechuun waliin dhahan, Yesuus mootummaa nagaa waggoota kumaaf turu lafa irratti hundeessa (premillennialism), ykn turtii yeroo naga qabeessaa waggoota kumaatu dhufaatii Yesuus dura jira (postmillennialism).
Haa ta'u malee, haaressitoonni, turtiin waggoota kumaa dhufaatii lammataa booda akka ta'etti barsiisan, kun immoo:



*Qabatamaatti* . "Ani dafee nan dhufa" (Mul. 22:20)



*Mul'inatti* . "Iji hundinuu Isa in arga" (Mul. 1:7; Mat. 24:27)




*In-dhaga'ama* . "Sagaleen guddisee nama abboomu, sagaleen angafa ergamootaa in dhaga'ama, malakanni Waaqayyoos in afuufama" (1Tas. 4:16; 1Qor. 15:52)



*Ulfina qabeessa* . Warri du'an in ka'u, warri jiran in geedderamu, Gooftaa wajjin ol in baana (1Tas. 4:13-18;
1Qor . 15:51-55)




WILLIAM
MILLER

# AKKA ITTI MACAAFA QULQULLUU HIIKAN

"abboommii abboommii irratti, abboommii abboommii irratti, seerrata seerrata irratti, seerrata seerrata irratti, asii xinnoo, achii xinnoo" — Isa. 28:10

Dubbii Isaayaas irra dhaabachuudhaan (Isa . 28:9-10), William Miller Macaafni Qulqulluun ofii isaa akka hiiku godhe.

Seera Uumamaa irraa jalqabuudhaan, tokkoo tokkoo dubbii Macaafa Qulqulluu qayyabate. Yoo hiikkaan isaa ifaa miti ta'e, dhimma sana irratti kutaa Macaafa Qulqulluu bakka biraa keessaa ibsa barbaada ture.

Akka kanatti, Macaafni Qulqulluun fuula isaa duratti hamma banaa ta'utti Hafuurri Qulqulluun ibseef.

Yeroo gara qayyabannaa raajiitti dhufes, qajeelfamumti wal fakkaataan hojii irra akka oolu bira ga'e:



Qajeelfamoota kana fayyadamuudhaan, Miller waan argate/bira ga'e baayyee ajaa'ibsiifate.



Bineensonni mootummoota bakka bu'u (Dan. 7:17, 23)





Bubbeen badiisa bakka bu'a (Erm. 49:36)





Bishaanni saba danuu bakka bu'a (Mul. 17:15)






Dubartoonni waldoota bakka bu'u (His. 23:4; 2Qor. 11:2)





Guyyoonni waggoota bakka bu'u (Lak. 14:34; His. 4:6)



# YEROO RAAJII

"Hamma ganamaa fi galgala kuma lamaa fi dhibba sadiitti in tura; kana booddee iddoon qulqullaa'aan sun qajeeltootti in deebifama" jedhe."— Dan. 8:14



Kana fudhachuudhaan, yeroo Miller keessa, biyya lafaa akka Mana Qulqullummaatti yaaduudhaan, raajiin waa'ee qulqullaa'uu isaatiif dubbatame (Dan. 8:14) lammata deebi'ee dhufuu Yesuusiin agarsiisa gara jedhutti dhufe.

Ibsa Gabri'el Daani'eliif mul'ataan kenne sirriitti hubate:





Korbeessa Hoolaa = Meedoonii fi Faaris (Dan. 8:20)



Reettii = Giriik (Dan. 8:21a)



Gaanfa cabe = Alexander fi warra aangoo duubaan fudhatan (Dan. 8:21b-22)



Gaanfa xiqqoo = Room, bulchiinsa siyaasaa fi amantii isaa qabatee (Dan. 8:23-25)



Haa ta'u malee, guyyoonni 2,300 utuu hin ibsamin hafan (Dan. 8:26-27).

Waggoota muraasa booda, Gabri'el ibsa qabxii sanaa akka kennuuf ergamee ture (Dan. 9:21-23). Yeroon citee keessaa ba'e akka jiru ibse, kan inni jalqabu immoo, "labsii Yerusaalem deebi'ee akka ijaaramuuf labsamuudhaan akka ta'e" dubbata (Dan. 9:24-25 ). Miller labsii kana argannaan, guyyoonni/waggoonni 2,300 yoom akka jalqabu bira gaa'a.

# RAAJII GUYYOOTA 2,300

**“‘Yaa Izraa, ati ogummaa Waaqayyo kee siif kenneen, saba laga Efraaxiis irraa gara lixa-biiftuu hundumaa akka bulchaniif, geggeessitootaa fi abboota firdii seera Waaqayyo keetii beekan itti fo'i! Warra seericha hin beekne immoo barsiisi!” — Iz. 7:25**





Artashaastaan, mootiin Faaris mo’ee waggaa torbaffaatti, Izraan gara Yerusaalemiin aangoo siyaasaa guutuun kennameefii magaalattii deebisee ijaaruuf akka deemuuf ajajni ba’e. (Izra 7:7, 11-14, 20-21, 24- 25). Yeroon kun immoo 457 BC ture.

Akka raajiin torban 70 agarsiisutti, Yerusaalem deebi’ee ijaaramee dhumuuf waggoota 49 fudhate, hamma Masihiin dhufutti immoo waggoota 434 kan biraatu darbe (Dan. 9:25). Herregni kun, cuuphaan Yesuus bara 27 AD akka ta’ee fi xumurri torban 70 bara 34 AD akka ta’e agarsiisa.

Lakkooftuu yeroo raajii kana hundumaa walitti fiduudhaan, Dhufaatiin Kiristoos inni lammataa naannoo 1843 taa’a jedhee goolabbii irra ga’e.

Seenaa keessatti, waggaan “zeeroo” jedhamu akka hin jirre erga hubatamee booda, Yesuus 1844 tti akka dhufu goolabbii irra gaa’ame.


DANIEL'S VISIONS.

ILLUSTRATIONS OF MILLER'S VIEWS OF THE END OF THE WORLD IN 1843.

JOHN'S VISIONS.

# RAAJII WAGGOOTA 2,300

"waggoonni torba si'a torbaatamni saba kee irratti mandara kee ishee qulqullooftu irratti akka darban murtoo ta'eera." — Dan. 9:24



“Dhugoota MQ keessatti mul’ifaman baayyee amanamoo fi ulfina qabeeyyii taa’an keessaa tokko deebi’ee dhufuu Kiristoos, isa hojii fayyinaa guddicha xumuratti fidu dha. Ijoollee Waaqayyoo warra kara-adeemtotaaf, adeemsa dheeraatu “naannoo duumessa du’aa” jalaa ba’uuf hafeef. Dhufaatii Isa ijoollota Isaa warra manarraa fagaatanii jiran fudhachuu dhufuuf, mul’achuu Isaa isa gati jabeessa, abdii gammachiisaa of keessaa qabu sana keessatti kenname fideefii dhufa. Barumsi lammata deebi’ee dhufuu, Macaafa Qulqulluu keessatti isa baayyee ijoo dha.”

EGW (The Great Controversy, pg. 299)



"Waanti gochuun nurra jiru hundinuu har'a dha. Har'a amanamummaa keenyaaf amanamuutu nurra jira. Har'a garaa keenya guutuudhaan Waaqayyoon jaallachuu fi namoota akka ofii keenyaatti jaallachuutu nurra jira. Har'a qorumsa diinaatiin mormuu fi karaa ayyaana Kiristoos mo'icha argachuutu nurra jira. Akkasitti dhufaatii Kiristoosiin eegganna. Guyyaa hundumaa akka har'i lafa kana irratti guyyaa keenya isa dhumaa ta'etti jiraachuutu nurra jira. Utuu bor akka Kiristoos dhufu barree, silaa har'a garraamummaadhaan, hojii ofittummaa of keessaa hin qabne gochuu dandeenyu hundumaan hin guutamuu jireenyi keenya?

EGW (In heavenly places, December 14 p.355)